Talaalliwwan COVID-19 – Qeenxee fi Lachee

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Jechoonni "qeenxee (monovalent)" ykn "lachee (bivalent)" jedhaman yommuu talaalliiwwan COVID-19 ibsuudhaf faayidaa irra oolan dhageessanii jirtu ta'a. Waa'ee garaagarummaa talaalliiwwan lamaan kanneen gidduu jiruu fi yeroo ulaagaa guutanitti barbaachisummaa ittisa dabalaa haarrffame fudhachuu mee haa ilaallu.

Garaagarummaan talaalliiwwan qeenxee fi lachee gidduu jiru maalidha?

Talaalliin qeenxeen kan jijjiirrama jeneetiksii ykn qabiyyee vaayirasii tokko qabuudha.

Talaalliin lacheen kan jijjiirramoota jeneetiksii ykn qabiyyeewwan vaayirasii lama qabuudha.

Talaalliwwan COVID-19 isaan kamtu qeenxeedha isaan kamtu immoo lacheedha?

Talaalliwwan COVID-19 kan wal faanneewwan jalqabaa durii hunduu fi ittisa dabaloowwan durii qeenxeedha*. Talaalliiwwan kunneen jijjiirrama jeneetiksii vaayirasii COVID-19 fidu isa jalqabaa irrraa kan kalaqamaniidha.

Ittisa dabaloon COVID-19 Pfizer fi Moderna haaroomfaman lacheedha. Jijjiirrama jeneetiksii COVID-19 isa durii fi Jijjiirramoota jeneetiksii omicron jijjiirramaa isa haaraa, BA.4 fi BA.5 wajjiin uumaman.

Talaalliiwwan lachee talaalliiwwan qeenxee caalaa jajjaboodhaa?

Qorannoowwan kilinikaalaa jalqabaa ittisa dabaloon COVID-19 lacheen ittisa dabaloo qeenxee caalaa dhukkubbii COVID-19 irraa akka ittisanii akkasumas jijjiirramoota jeneetiksii akka omicron tiin wal qabatee dhukkubbiiwwan ciccimoo fi/ykn du'aatii irraa of ittisuuf kan wayyu ta'uu agarsiisu.

Novavax qeenxee ta'ee ga'eessota kan walfaannee jalqabaa fudhatan kan garuu* ittisa dabalaa *COVID-19 hin fudhatin ni kennama – fi yoo* ittisa dabalaa *mRNA haaroomfamaa kan hin fudhatan yookan fudhachuu kan hin dandeenye ta'e.* ittisa dabaloowwan *Novavax, jijjiirramoota jeneetiksii jijjiiramaa omicron irratti* ***hin xiyyeeffatu.*

Ittisa dabalaa lachee fudhachuun maalif barbaachise?

Ittisa dabalaa lachee fudhachuun barbaachisaadha sababni isaas inni talaallii COVID-19 jijjiirramoota vaariyaantii omicron kan COVID-19 baay'ee jabaa ta'ee yeroo ammaa US keessa nanna'aa jiru ittisuuf kan hojjatameedha.

Kana dura COVID-19 n qabameera yoo ta'e ykn ittisa dabalaa qeenxee kana dura fudhadheera yoo ta'e, ittisa dabalaa lachee fudhachuun narra jiraa?

Eeyyee, ulaagaa guutta taanan kana dura COVID-19 dhan qabamtanii jirtu ykn ittisa dabalaa qeenxee fudhattanii yoo ta'e, ittisa dabalaa haareffame fudhachuu qabdu. Bu'aa caaluf immoo, namootni dhiyeenya COVID-19 dhaan qabaman ji'oota 3'f erga mallattoowwan mul'atanii yookan qorannoo pozeetivii taasisanii booda, ittisa dabalaa haareeffamaas dabalatee talaallii COVID-19 kamiiyyuu fudhachuu ji'oota 3'n tursiisuu yaaduu malu.

Ittisa dabalaa lachee kiyyaaf, oomisha murtaa'aa ta'e fudhachuun narraa eegamaa?

Daa'imman umuriin isaanii ji'oota 6– waggaa 4 ta'an, doozii lachee kan walfaannee isaanii jalqabaa wajjiin wal fakkaatu fudhachuu qabu.

Daa'imman waggaa 5 kan walfaannee jalqabaa Pfizer fudhatan, ittisa dabalaa haaroomsamaa Pfizer qofa fudhachuu danda'u.

Daa'imman umuriin isaanii waggaa 5 kan walfaannee jalqabaa Moderna fudhatan, ittisa dabalaa haaroomsamaa Moderna yookan Pfizer fudhachuu danda'u.

Namoota waggaa 6 fi sanaa olii walfaanneen jalqabaa isaan fudhatan kamiiyyuu ta'u, ittisa dabalaa Moderna ykn Pfizer fudhachuu danda'u.

Washington State Department of Health

DOH 825-082 December 2022 Oromo

Sanada kana bifa bir tiin ga afachuuf, bilbila 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maamillan gurraan hin dhageenye ykn dhaga'uu irratti hanqina qabaniif, maaloo bilbila 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn iimeela civil.rights@doh.wa.gov irratti ergaa.